



Walii-galtee Amaalaa

Maqaa Jalqabaafi Dhumaa

Oolmaa Daa'immaniifi Kutaa Tokko

Seerota mana baruumsaafi gaggeessitoota mana baruumsaa nan kabaja.

Mana baruumsatti jechootafi gochoota koo nan to'adha.

Warra kaan nan kabaja.

Bakka kiyya turuun qaama koo nan to'adha. Nama hin lolu, tapha keessa nama hin lolu ykn bakka nama biraa hin taa'u.

Mana baruumsatti waa hin gurguru ykn hin kennu. Waan kan nam biraa ta'e hin bitu ykn hin fayyadamu. "Wantoonni" kan of keessatti hammatan: nyaata, dhugaatiwwan, ashaangulliitii, qorichoota, alkoolifi, kkf.

Meeshaalen waraanaa, ykn ashaangulliitiwwan isa fakkaatan mana baruumsatti akka hin hayyamamne nan beeka.

Geejjiba irrattiifi yeroo daawwannaa dirree manni baruumsaa qopheesse deemnu seerota mana baruumsaa nan hordofa.

Kompiitaraafi meeshaalee biroo bifa miidhaa hin geessisneen seerota barsiistun kiyya naatti himte hordofee ittan fayyadama.

Mana baruumsaa keessatti seerota kana hordofuu dhiisun miidhawwan inni qabu baradheera, akkasumas manatti maatii wajjin irratti mariyadheera.

Mallattoo Kiyya

Kutaa

Mallattoo Maatii

Guyyaa



Park Hill School District

Walii-galtee Amaalaa

Maqaa Jalqabaafi Dhumaa

Kutaa tokkoo hanga Kutaa Shanii

- _____ 1. Waa'ee seerota mana baruumsaafi seerota mana baruumsaa kanaafi hojjattoota mana baruumsaa kabajuu dhabuun dhiibbaa inni qabu nan beeka.
- _____ 2. Seerota mana baruumsa keenyaa kan namoonni biroo waan isaan fakkaatan irratti hundaa'un ykn maatin isaanii kan koorraa waan adda ta'aniif jecha akkan dhiibbaa irratti hin goone dhorku nan beeka, akkasumas namoota biroo haala hin taanen qabuun dhiibbaa inni qabu nan beeka.
- _____ 3. Seerota mana baruumsaa keenya namooya hundumaa akkan kabaju nan ajaju nan beeka, akkasumas namoota biroo kabachuu dhiisun dhiibbaa inni qabu nan beeka.
- _____ 4. Seera mana baruumsa keenyaa kan meeshaalee balaa geessisan kanneen akka qorichootaa fa'aa mana baruumsaa akka hin finne dhorku nan beeka, akkasumas meeshaalee balaa geessisan qabachuu, fayyadamuu, daddabarsuu, gurguruu ykn bituun dhiibbaa inni qabu beeka.
- _____ 5. Seerota mana baruumsaa keenya meeshaalee waraanaa mana baruumsatti akka hin finne dhorku nan beeka, akkasumas meeshaalee waraanaa mana baruumsaa fidanuu dhufuun dhiibbaa inni qabu nan beeka. Meeshan waraanaa ashaangulliittii, fakkaattii, ykn waan biraa namni biraa akka meeshaa waraanatti fudhatu of keessatti hammachuu danda'a.
- _____ 6. Seerota mana baruumsaa keenya kan gochaa qoccolloo kanneen akka nama loluu, sodaachisuu, haleellaa qaamaa qaqqabsiisu dhorku nan beeka, akkasumas namoota biroo loluu, sodaachisuun ykn haleellaa irraan gahuun dhiibbaa inni qabu nan beeka.
- _____ 7. Seerota mana baruumsaa keenyafi risoorsiiwwan teeknolojii fayyadamuun dhiibbaa inni qabu nan beeka, akkasumas akka lammii dijitaalatti gahee koo nan hubadha.
- _____ 8. Mana baruumsatti barnoota kiyyarratti kan na deeggaran tuliwwan marsariitii, siroorsiiwwan dijitaalaa, fi appilikeeshiniiwwan akkan fayyadamu nan beeka. Hojii daree keessatti barachuu keessatti maqaafi imeelii mana baruumsaa kiyyaan alatti odeeffannoo dhuunfaa kiyya hin kenny.
- _____ 9. Seeronni mana baruumsaa kun yeroon geejjiba mana baruumsa deemu ykn yeroo baradhu akka anarratti raawwatu nan beeka.

Mallattoo Barataa

Mallattoo Maatii

Kutaa

Guyyaa